

Waaqummaaf Baraa Barummaa- Yesuus Kiristoos

Mark McGee'n Qophaa'e

I. Yaada Dogoggoraa Waa'ee Waaqaummaa Kiristoos Irratti

A. Dogoggoroota Duraan turan

Dogoggora kanneen Ilaalchisee- Kutaa Macaafa Qulqulluu Keessaa

- Qolosaayis
- Ibiroota
- 1 Yohaannis
- 2 Yohaannis
- Ergaa Yihudaa

Waaqaummaa Kiristoos Irratti- Abboota Amantii Jaarraa Jalqabaa

Ignaatiyuus namni biyya Anxookiyaa bartuu ergamaa Yohaannis ture. Gara jalqaba jaarraa lammaaffaa keessa Luba Waldaa Anxookiyaa ta'ee muudame. Yihuudonni bara sanaa Waaqummaa Kiristoosiin mormaa turan. Iginaatiyus xalayaa Tiriliyoniif barreesseen, barsiisa Yesuus hidda Daawwit ta'uu isaa,Maariyaam durba irraa dhalachuun, nama ta'ee nyaatee dhuguu isaan mormu, jabeessee akeekkachiiseera. Akkasumas xalayaa gara Samiirnaatti barreesseen Yesuus Kiristoos Waaqa ta'uu isaa ibsuun, akka namatti dhiphachuun fedha isaan du'atti of kennee ofii isaan du'aa ka'uu isaas dubbateera. Namoonni fannifamuu fi du'aa ka'uu Yesuusiin soba jedhanii amanan, ofii isaaniiti sobdoota…jedhee mirkaneesseera.

Dogoggora Waaqummaa Kiristoos irratti- Faccisa Amantoota Jaarraa Jalqabaa

Iraaniyes bartuun Poolikaarp, nama kibba Gu'aal luba Liyoons(178 DH.K.B) ture. Pooliikaarp bartuu ergamaa Yohaannis ture. Iraaniyes barumsa dogoggoraa **Beekumsa** jedhu jaarraa lammaffaa keessa, biyyi lafaa ergamootaan uumamte, Yesus foon hin uffanne jedhuun mormuun, barumsa sobaa kana gatii dhabsiiseera. Barumsa sobaa Waaqaummaa Yesuus irratti ture, wangeela Yohaannis keessaa caqasuun Yesuus Waaqa ta'uu isaa hubachiiseera.

Dogoggora Namummaa Yesus Irratti-Yaada Beektota Macaafaa

Jaarraa lammaffaa fi sadaffaa keessa Waldaan barumsa dogoggoraa Waaqummaa Kiristoos irratti wal'aansoo hamaa keessa turte. Akkasumas Yihuudonni kiristaana ta'an, Yesuus Waaqa guutuu akka hin taanee fi Abbaa wajjin wal qixa miti jedhanii yaadaa turan. Kana irraa ka'uun namoonni kiristaana hin taane, Yesus dhalachuu isaa dura bara baraan hin turre, garuu Waaqayyo karaa isaa sagalee isaan waan mul'ateef, inni ilma Waaqayyooti ilaalcha jedhutti amanu malee Waaqummaa isaa hin amanan turan.

Doseetistoota- Waaqaummaa Yesuus guutummaatti ni amanu, garuu foon gatii hin qabu yookin gadheedha waan jedhaniif *namummaa Yesus* hin amanan.

Sappordinoota- Namummaa Yesuus ni amanu, garuu Waaqaummaa isaa hin amanan.

Dargaggeessi beekaa Macaafa Qulqulluu Waldaa Alexsaanderiyaa, Atinaasiyuus rakkoowwan Waaqaummaa Kiristoosi fi namummaa isaa irratti mul'atan furuuf irratti hojjetee ture. Bara 318 DH.K.B, waggaa tookko booddee namni kun, sadan Waaqa tokkoo irratti. Tokkummaa sadeenii gaariitti ibseera. Namichi Ariyoos jedhamu garuu faallaa barsiisa kanaa Yesuus nama malee Waaqa guutuu/Waaqa bara baraan ture miti jechuun baruma kana barsiisuu eegalee ture.

Barsiisa Dogoggoraa Ariyoos keessaa muraasni:

- "Ilmi Waaqayyoo Yesus ni uumame malee bara baraan hin turre."
- "Yesu dhalachuu isaa dura utuu uumamni hin jiraatin eenyummaa qaba ture.."
- "Yesus Waaqayyo Abbaa wajjin waaqummaan tokko miti."

Barumsi kunis waggoota 60'f wal falmii hamaa fideera. Ariyoos, Waaqaummaa Kiristosiin mormuun Yesuus uumamuu biyya lafaa dura uumame jechuun barsiisa. Kiristaanoti bara jalqabaa barumsa dogoggoraa kana hin fudhanne. Bara 320/321 DH.K.B, Lubni biyya Alekseenderiyaa walgayii luboota Gibxii 100 fi luboota biyya Liibiyaa waliin geggeessuun, Ariyoosi fi barumsa isaa akka hin fudhanne murtoo dabarsan. Waldonni bahaa guutummaatti barumsa Ariyoosiin jeequmsa keessa waan seenteef, mootiin Konstaantiin rakkoo kana furuuf waltajjii maree qopheesse.

Luboonni amantii 318 ta'an bara 325 DH.K.B. Niiqiyaatti walga'uun barumsa sobaa kana irratti murtoo armaan gadii dabarsaniiru. Walgayiin kunis walii galtee Niiqiyaa jedhamuun beekama:

> "Uumaa waan hundumaa, waaqa tokkicha hundumaa danda'u Abbaatti ni amanna. Goftaa Yesus Kiristoos, tokkicha ilma Waaqayyoo isa Abbaa wajjin waaqummaan tokko ta'e, isa karaa isaa waanti hundumtuu uumametti in amanna. Yesuu Kiristoos isa furee cubbuu namootaaf jedhee nama ta'ee dhalate, sababii cubbuu namootaaf dhiphatee, du'ee gaafa guyyaa sadaffaa du'aa kaafame, gara waaqaatti ol ba'e, warra jiranii fi du'anitti faraduuf isa deebi'ee dhufutti in amanna. Hafuura qulqulluuttis in amanna. [Garuu warra "Yesuus bara baraan jiraataa hin turre, dhalachuu isaa dura hin turre, uumama hundumaa dura uumame, Yesuus ni uumame malee Uumaa miti jedhanii amananiidha" – waldaan ergamootaa isheen dhugaan garee kanatti faraddeetti. Dhiifamuu cubbuuf cuuphaa tokkichatti, du'aa ka'uu fi jireenya haaraa mul'achuuf jirutti in amanna. " 325 DH.K.B kan katabameedha.

Murtoo maree Niiqiyaa bara 325 fi maree Konstaantiin bara 381 waame gidduutti waldaan dhimma barumsa dogogoggoraa kanaaf lola ulfaataa keessa turte. Murtoon barumsa sobaa kanaan morman hedduun turaniiru. Lubni barreessaa seenaa tokko amantii Yihuudotaatti kan hin amanne, loogii tokko malee haala yeroo sanaa 'Daandii guddaan Luboota abbaa fardeeniin guute' jedhee barreesse.

Geggeessaa amantii bara sanaa keessaa, Atinasiyuus nama cimaa yaada isaa hin jijjiirre ture. Barumsi inni warra sobdootaan mormuun barsiisaa tures baayyee murteessaa ture. Luba biyya Aleksanderiyaa ta'un muudame. Haata'u malee, osoo hin turin mormii jabaan irratti ka'uun ari'amee biyyaa baafame. Barumsa isaa keessatti, Waaqummaan Kiristoos ykn barabarummaan isaa hundee amantii kiristaanaati jedhee barsiisa.

[Wanta nama ajaa'ibsiisu keessaa yeroo Atinasiyuus biyyaa baafame, mootichi Qonsxanxiniyoos, Ariyoos isa barumsa sobaan tokkummaa keessaa baafame hojii lubummaa akka hojjetuuf Aleksaanderiyaatti deebisuuf yaade. Garuu, guyya kun yaadame osoo hin ga'in Ariyoos akka tasaa du'e. Baruma itti aanutti Qonsxanxiniyoos du'e, ilmi isaa Qonsxanxiniyoos II bakka bu'uun Atinatiyoosin isa biyyaa baafamee ture deebisee biyyatti galche.]

Bara 381 DH.K.B mootichi Teedosiyus Guddicha jedhamu dhimma barumsa sobaa Ariyoos (Waaqaummaa Kiristos) irratti walgayii Konstantinopil waamame. Maree kana booddee barumsi seenaa waldaa kiristaanaa irratti bifa qindaa'een waan kennamuu jalqabeef, waaqummaa Hafuura qulqulluun barumsi mormus(*Pnematomachian)* dadhabaa dhufe.

Walligalteen Konstantinopil maree Niiqiyaa bara 325 irra deebiin haaresse.
Walii galteen kunis:

"Uumaa waan hundumaa, waaqa tokkicha hundumaa danda'u Abbaatti ni amanna. Goftaa Yesus Kiristoos, tokkicha ilma Waaqayyoo isa Abbaa wajjin waaqummaan tokko ta'e, isa karaa isaa waanti hundumtuu uumametti in amanna. Yesuu Kiristoos isa furee cubbuu namootaaf jedhee nama ta'ee dhalate, sababii cubbuu namootaaf dhiphatee, du'ee gaafa guyyaa sadaffaa du'aa kaafame, gara waaqaatti ol ba'e, warra jiranii fi du'anitti faraduuf isa deebi'ee dhufutti in amanna. Hafuura qulqulluuttis in amanna. [Garuu warra "Yesuus bara baraan jiraataa hin turre, dhalachuu isaa dura hin turre, uumama hundumaa dura uumame, Yesuus ni uumame malee Uumaa miti jedhanii amananiidha" – waldaan ergamootaa isheen dhugaan garee kanatti faraddeetti. Dhiifamuu cubbuuf cuuphaa tokkichatti, du'aa ka'uu fi jireenya haaraa mul'achuuf jirutti in amanna. Ameen " 381 DH.K.B haara'ee katabame.

B. Dogoggoroota Yeroo ammaa (Present Errors)

- Waldoota Yaallessitootaa (Liberal or apostate churches)
- Adaa-Kiristaanota fakkaattotaa: Kiristaanota saayinsiitti amanan, Jihoova witnesii, Mormonii….
- Amantii Warra Dhihaa ()Eastern Mystical religions
- Dhaloota Waaqa! Ooh! (The *Oh! God!* Generation)
- Kaaddota ykn mormitoota

II. Dhugaa Waa'ee Waaqummaa fi Bara barummaa Kristoos

A.Warri Wangeela barreessan Kiristoosiin akkamitti ibsan ykn itti amanuu.

- Matewoos - 4:5-7; 14:25-33
- Marqoos - 5:6-8; 14:55-65
- Luqaas - 22:66-70
- Yohaannis - 1:1-5, 14-18; 5:16-18, 20-24; 8:54-59; 10:25-33 20:31

Godet *Commentary Wangeela Yohaannis irraa* (1892)

"kutaa xumura luqqisa (23) keessatti Yesuus, warra Waaqa of goote jedhanii isa irratti komee dhiyeessan humnaa isaan akeekkachiise. Wanta isa irratti raawwataa jiran Waaqayyo irratti raawwachaa akka jiran isaanitti hime."

J.C. Ryle in *Expository Thoughts on the Gospels* (1866)

"Waaqayyo Abbaaf hinaafuu isaanii ibsaa warri Yesuus Kiristoosin (Ilma Waaqayyoo) akkasumatti hin kabajne, Waaqayyoon ulfeessaa hin jiran."

Henry Alford in *The Greek Testament* (1868)

> "Hiikoo sirriin kutaa macaafa qulqulluu keessaa haqummaan hiikame, Yesuus Kiristoos dhalachuu isaa dursee akka jiru mullisa.." (Yoh 8:54-59 irratti barreesse)

Frederick Spurr in *Jesus is God* (1899)

> " Barreeffamni/Dubbii jabaan--- Dachaa dachaa Ameenii qabu--- Gooftaan Keenya Waaqa ijaan hin argamne, garuu foon uffatee mullchuu isaa yemmuu dubbate. Yihuudonni garuu, kana hubachuun dhagaan isa rukutuu barbaadan."

A.T. Robertson in *Word Pictures Kakuu Haaraa keessatti* (1930)

> "Kutaa Wangeela Yohaannis 10:25-33 keessatti, qabatamaan deebiin Yesuus hariiroo Waaqayyo Abbaa fi isa (Ilma Waaqayyoo) gidduu sirriitti waan dubbateef, warri Fariisotaa guddaa itti aaruun ajjeesuuf murteessan"

B. Ergamaa Phexiroos kan Amanu ykn barreesse

- Matewoos 16:13-16
- Hoj.Ergamootaa 2:36-39

2 Phexiroos 1:1 (akka seer-luga barreeffama kutaa kanaatti, "Waaqayyo Abbaa fi Fayyisaan" lameenuu Yesuus Kristoosin argisiisu.")

C. Ergamaa Phawuloos kan Amanu ykn Barreesse

- Qolasiyuus 1:15-17
- Filiphisiyuus 2:5-11
- 1 Xemixiyoos 3:14-16
- Tiitoo 2:13

D. Barreessaan Ibirootaa kan Amanu.

- Ibiroota 1:1-14

E. Ergamaan Yohaannis kan Barreesse ykn amanu

- 1 Yoh 2:22-23
- 1 Yoh 4:1-3
- 2 Yoh 7

III. Guduunfaa Waaqaummaa fi Baraa Barummaa Kiristoos Irratti

A. Doktiriinii-Barsiisa Waa'ee Kristos

- Yesus Foonin Dhalate.
- Yesus Kiristoos Waaqa bara baraati.

B. Hojiitti hiikuu (Practical)

Waan gochuu qabnu (Positive) – Yesuus Kiristoos ilaalchisee: isa jaallachuu, isa waaqessuu, barumsa isaaf abboomamuu if fedha isaaf bitamuu qabna.

Kan gochuu hin qabne (Negative) – Waaqummaa fi bara barummaa Yesuus Kiristoos barumsa ergamootaa irratti hundaa'uun, Yesuus foonin dhalachuu isaa fi Waaqa bara baraa ta'uu isaan warra mormanittii adda ba'uu qabna.

a. Barumsa dogoggoraa kana kan barsiisan waldaa kee keessa yoo jiraatan adabamuu qabu ykn yoo deebi'uu didan waldaa keessaa baafamuu qabu.

b. Geggeessitootni waldaa kee yoo callisuun namoota kana ilaalan, ofii kee waldicha keessaa ba'i.

c. Namootni biroon warra sobdoota kana waliin akka hin taane ykn barumsa isaanii akka hin fudhanne barsiisi..

Copyright © 1990-2020 (Tajaajila Grace Life) Grace Life Ministries